
Barumsaa fi fakkeenyota kan barreesse: Willem de Vinki


# YESUS MASIHICHA

SEENAA BARA HUNDUMAATTI CAALEE ARGAMU



## Maali inni...














**Amantii**: Waaqayyo wanta abdachiise akka raawwatu amanachuu kee ti (f. 58).

**Ayyaana Du'aa Ka'uu**: Ayyaana isa du'aa ka'uu Yesus itti ayyaanessanii dha. Warri Yihudootaa guyyootuma kana irra ayyaana Faasikaa, guyyaa itti biyya Gibxiitii ba'an ayyaaneffatu (f. 38-54).

**Cubbuu**: Wantoota fedha Waaqayyoo hin ta'in nuyi hojjennuu fi akeeka Waaqayyo nuuf qabu bira akka nuyi hin geenyeef kan nu ittisuu dha (f. 4).

**Deebi'ee dhufuu**: Yommuu Yesuus deebi'ee gara biyya lafaa dhufu wantooni hundinuu in haareffamu. Waaqayyo waaqaa fi lafa in haaressa (f. 57).

**Dhiifamuu cubbuu**: Namni hojii isaatiin argachuun hin danda'u yoo ta'e iyyuu, Waaqayyo cubbuu namaaf in dhiisa. Yoo ati cubbuu hojjettetti gaabbitee fi jijjiiramuudhaaf fedhii qabaatte Waaqayyo cubbuu kee siif dhiisa. Sababa Yesuus adaba isa nuuf ta'u ture ofii Isaaf fudhateef dhiifamuun cubbuu nuuf ta'uu danda'e (p. 58).

**Du'aa ka'uu**: Yesuus du'a keessaa in ka'e. Gaaf tokko namni hundunuu du'aa ni ka'u. Yeroo sana Waaqayyo tokkoo tokkoo namaaf murtii ni kenna (f. 53-57).

**Duuka-buutuu**: Nama Yesuus duukaa bu'u (f. 18).

**Eebba**: Wantoota gaggaarii hundumaa kanneen Waaqayyo namoota wanta fedha Isaa ta'e hojjetaniif kennuu dha

**Ergamaa Waaqayyoo**: Waaqayyoof kan ergamu, ijaan kan hin argamne (f.5).

**Fannoo**: Meeshaa dhipinaa isa Yesus fedhuma Isaatiin irratti rarraafamee du'e. Inni kun mallattoo duuka buutota Yesuus hundumaa ta'e (f. 25, 50).

**Hafuura Qulqulluu**: Hafuura isa Waaqayyoo ittiin namoota Yesuus duukaa bu'an keessa jiraachuu barbaaduu dha (f. 58).

**Ilma Waaqayyoo**: Maqaa Yesuus ittiin waamamuu dha. Inni Waaqayyo Isa nama ta'e, Ilma Waaqayyoo Isa gara biyya lafaa dhufee dha.

**Irbaata Gooftaa**: Duuka buutonni Yesuus buddeenaa fi daadhii wayinii nyaachuu fi dhuguudhaan du'uu fi du'aa ka'uu Isaa yaadatu (f. 41).

**Jireenya Bara baraa**: Yesuusii wajjin jiraachuu aka Waaqayyo yaadeetti. Kunis du'a kan injifatee fi jireenya barri isaa xumura hin qabnee dha (f. 23, 29-30 fi 59).

**Kadhannaa**: callisuudhaan yookiis sagalee ol kaastee Waaqayyoo wajjiin dubbachuu fi Isa dhaggeeffachuu dha (f. 18, 19, 42).

**Macaafa Qulqulluu:** Macaafa Qulqulluu keessaa akka itti Waaqayyo nama ilaaluu fi akka Inni itti isaan jiraachisu dubbisuu in dandeessa.

**Masihii**: 'Mootii isa Dibame' jechuu dha. Masihii (jecha afaan Ibirootaa) afaan Girikiitti yommuu hiikamu Kristoos jechuu dha (f. 52, 55).

**Mootummaa Waaqayyoo**: Mootummaan Waaqayyoo namoota isaaf abboomaman gidduu jira.

**Seexana**: Diina Waaqayyoo fi namaa isa ijaan hin argamne (Daabilosis in jedhama).

**Yesus**: maqaa Ilma Waaqayyoo ti, hiikaan isaas, 'Waaqayyo in fayyisa jechuu dha.



## Yesuus Masihichi Eenyu?

Yesuus naannoo waggoota 2,000 dura biyya Isiraa'el keessa jiraate. 'Yesuus Masihicha' yookiis 'Yesuus Kristoos' jennee waamna. Kunis Inni Mootii dha jechuu dha. Inni Mootii qofa miti, 'Ilma Waaqayyoo', akkasumas 'Ilma Namaa' jedhamees in waamama malee. Kana jechuun Inni Waaqayyoodhas, namas jechuu dha. Seenaan jireenya Yesuus Macaafa Qulqulluu keessatti ibsamee jira. Inni yeroo hundumaa seenaa isa caaluu dha.


## Bara Yesuus

Lakkoofsi barri nuyi keessa jiraannuu dhalachuu Yesus irraa eegala. Yeroo sana namoonni miillaan, harree, gaala, yookiis fardaan adeemu turan. Biyyoonni Awurophaa garri caalu, Giddu galeessi Bahaa, fi Kaabi Afiriqaa Mootummaa Roomaa jala turan. Yihudoota biyya Isiraa'el keessa jiraatantu danda'a malee, namoonni garri caalaan dubbisuu fi barreessuu hin danda'an turan. Yihuudonni 'Namoota Macaafichaa jedhamanii waamamu.

Waaqayyo Macaaficha Keessatti, jechuunis Macaafa Qulqulluu Keessatti, in dubbata. Inni uumaa wantoota jiran hundumaa ti, Inni namootaa wajjin walitti dhufeenya qabaachuu barbaada. Yesuus isa kana sirriitti ibsee namatti argisiise!



# Biyya Isiraa’el bara Yesuus keessa




**Magaalaa Guddittii** – Yerusaalem

**Kutaalee biyyaa**: Galiilaa, Samaariyaa, Yihudaa.

**Bal’ina (hanga):** Shallaggiitti 28, 000 km2 (maayiloota isku’eera 10,810)


**Haala qilleensa isaa**: Badda-daree

**Siyaasa**: 63 DhKD (Dhaloota Kristoos Dura) irraa eegalee warri Roomaa biyya Isiraa’el fudhatanii turan.


**Mootummaa**: Philaaxoos Phenxencha, bulchaa warra Roomaatu, biyya Isiraa’eliin bulchaa ture. Xiberiyoos, Mootiin Roomaa immoo isaa olitti bulchaa ture.


**Amantii**: Yihuduummaa. Warri Yihudootaa Yerusaalem keessaa mana qulqullummaa qabu. Luboota dhimma amantii irratti wanta hudumaa hojjetanii fi barsiisota (kan akka Fariisotaa) kanneen Macaafa Qulqulluu saba sana barsiisuu qabantu jiru.


**Afaan**: Afaan Ibirootaa (afaan sabni warri Yihudootaa dubbatan), Girikii (afaan addunyaa’aa, kan Sabni Mootummaa Roomaa jala turan martinuu dubbatan), Laatinii (afaan saba warra Roomaa).





Namoonni kun hundinuu laga bishaanii kanatti maaliif walitti qabaman?


Mootummaan Waaqayyoo dhi'aateera, of qopheessaa!



Jireenya haaraa jalqabaa!
Qottoon murtii Waaqayyoo hundee mukeetii hundumaa irra kaa'amee jira....
Mukti ija gaarii hin godhanne hundinuu muramee ibiddatti in naqama!
Hundumti keenya akkuma kana in muramna. Eenyutu jireenya gaarii jiraachuu danda'a?
Dhuguma! Namni tokko iyyuu murtii Waaqayyoo jalaa miliqee hafuu hin danda'u. Garuu namni keessaa fi ala keessan jijjiiruu danda'u tokkoo ana duubaan dhufaa jira.
Dhuguma akka jireenyi keessan jijjiiramu in barbaaddu yoo ta'e, cubbamoota ta'uu keessan fudhadhaatii, kottaa bishaan kanaan cuuphamaa!
Amma jireenya haaraa jalqabuudhaaf cubbuu keessanittii qulqulleeffamtaniittu!


Namoonni hundinuu nama laga qarqara bishaaniitti lallabu sana Yohannis Cuuphaa jedhanii waamu....
Ani isa barbaachisaa miti. Ani Isa eenyummaa Waaqayyoo nutti argisiisu sanaafan daandii tolcha jira. Inni Hafuura Waaqayyoo fi ibidda Waaqayyootiin isin in cuupha. Kun immoo guutummaatti isin jijjiira!
Egaa....
Ani... siin cuuphamuut u Ana irra jira!
Amma kana hojjedhu. Kanaanis wanta Waaqayyo jaallatu in raawwanna.
Yaa Abbaa, mootummaan Kee haa dhufu, jaalalli Kees haa ta'u!
Itti fufees sagaleen waaqa irraa akkana jedhe....
Eeyyee, Ati Ilma Koo ti. Ani Sin jaalladha, Ani Sitti nan gammadas.


Jalqaba bara araaraa keenyaatti Yohannis Cuuphaan saba Isiraa’elin Masihicha Isa dhufu sanaaf qopheessaa ture. Bara sana wari Roomaa, kutaa adunyaa bal'aa bulchu turan. Isiraa’el Mootummaa Roomaa keessaa kutaa biyyaa xiqqoo tokko turte.
QIFIRNAAHOOM
NAAZIREET
QAANAA
GALIILAA
YORDAANOS
YERUSAALEM
YIHUDAA
ISIRAA’EL
Yihudoota biyya Isiraa’el keessa jiraatan, gargaarsa kan hin qabneef cunqurfamoota ta’uutu isaanitti dhaga’ama. Kanaaf sabni sun Masihiichi yoom aka dhufu gara fuula duraatti eeggachaa turan. Inni kan isaan furu, waa’een dhufaatii Isaa Macaafa Yihudootaa isa duraanii keessatti raajii dubbatamee dha. Masihiin kun akka qajeelummaan Waaqayyoo mo’ichaan mul’atu taasisa.
Yohannis Cuuphaan laga Yordaanositti Yesuusiin namootatti argisiise.
Ilaa! Hoolicha Waaqayyoo, isa cubbuu biyya lafaa irraa kaasu.
Erga cuuphamee booda, Yesuus Hafuura Waaqayyootiin gara lafa onaatti geeffame.
Guyyoota fi halkanoota 40 achi ture. Yommuu achi ture sanatti Inni homaa hin nyaanne. Inni hojiin Isaa maal akka ta’e sirriitti arguu akka danda’uuf laguudhaan turee kadhate.
Milkaa’uudhaaf, Yesuus akeeka Waaqayyoo biyya lafaa hubachiisuutu Isa irra jira. Akka namoonni qabaa du’aa keessaa gadi dhiifaman taasisuun karoora Waaqayyoo ti.
Yesuus seexana isa ijaan hin argamne, oogganaa dukkanaa isa biyya lafaa du’aa fi tortoraan bitu in injifate.
Eeyyee Yaa Abbaa! Ani wanta Ati nagaafatu nan raawwadha!



Garuu seexanni, morkataan Isaa, ergama Waaqayoo irraa Isa kaachisuf yesuusiif yaada dogoggoraa kennuu yaale.
Ati dhugumaan Ilma Waaqayyoo yoo taate, dhagoota kana buddeenatti jijjiiri!
Lakkii, Macaafa keessatti barreeffamee jira: namni buddeena qofaadhaan jiraachuu hin danda'u, dubbii Waaqayyoos isa barbaachisa.
Ati dhugumaan Ilma Waaqayyoo yoo taate mee mirkaneessi! Fittee guutuu mana qulqullummaa irraa gadi utaali. Ergamoonni harka isaanii irratti akka Si baatan caafamee jira mitii?
'Waaqayyoon hin qorin' kan jedhus immoo caafamee jira.
Lafa dhooftee anaaf yoo sagadde, qabeenya biyya lafaa kana irra jiru hundumaa Siif nan kenna.
Seexana nana, ana irraa adeemi! Waaqayyo qofaaf sagaduu fi tajaajiluun akka nuuf ta'u barreeffameera.
Ergasii seexanni Yesuusiin dhiise, ergamoonni Waaqayyoos Isa tajaajiluf dhufani.
Yesuus Hafuura Qulqulluutiin guutamee gara Galiilaatti deebi'e. Yesus kaaba Isiraa'el, kutaa biyyaa jiraattota baay'ee qabu kana keessatti guddate. Yommuu Inni adeemu namoota baay'eetu gara Isaa dhufu turan. Yesus Masihicha Isa raajonni waa'ee Isaa barreessan ta'uu Isa baruuf dharra'an.


Qaanaa, gaarota Galiilaa keessaa bakka tokkotti kan argamtu, keessa cidha tokkotu geggeefamaa ture....
Yesuus haadha Isaa fi michoota Isaa waliin cidha sana irra ture.



Garuu walakkeessa cidhichaatti....
Rakkina attamii ti! Daadhii waynitu dhume!
Waanuma Yesuus isinitti himu hojjedhaa!
Gaanota gurguddaatti bishaan guutaatii, inni cidhicha geggeessu dhamdhamee ha ilaalu.
?
Bishaanii? Garuu kun daadhii wayniti! Daadhii waynii gaarii attamii ti! Attam gaariidha immoo?
Dhamdhamii ilaali! Ati daadhii waynii isa gaarii hamma dhumaatti dhoksitee keesse!
Kun dhaga'amee hin beeku! Kana dura cidha akkasii irratti hirmaadhee hin beeku. Bishaan isa daadhii wayniitti jijjiirame! Daadhii waynii isa gaarii!
Kun hojii Yesuus namni Naaziret hojjetee dha.
Eenyyu Inni?



Qifirnaahom ganda qarqara galaana Galiilaatti argamtu kan qurxummii qabuudhaan badhaatee dha. Yesus kan Inni namoota baay'eetti waa'ee Mootummaa Waaqayyoo dubbachuu eegale bakka kanatti.
Iddoo kanatti kan Inni duuka buutota Isaa warra jalqabaa filate.
Phexros, mee bidiruu kee gara tuujjubaatti achi geessii kiyoo kee karaa sanaan bishaanitti darbadhu.
Yaa barsiisa, eda halkan guutuu guddaa itti dadhabne, homaas hin qabne.
Garuu yoo Ati jettee....
Maal! Ani amanuu hin danda'u!



Yaaqoob! Yohannis! As kottaa! Kan bara jireenya keenya guutuuf nu ga'u qabanneerra!
Yaa Gooftaa Sitti dhi'aachuun anaaf hin ta'u! Ani nama cubbamaa dha.
Phexros, hin sodaatin!
Si'achi immoo namoota kan walitti qabdu in taata!
Ana duukaa bu'i!
9


Yesuusis duuka buutota Isaa waliin guutummaa Galiilaa keessa naanna'ee, waa’ee mootummaa Waaqayyoo namoota hundumaatti hime. Dhukkubaa fi dhibee hundumaattiis namoota in fayyise. Hafuurota hamootas in baase. Kana irratti namoonni ajaa'ibsiifatanii, Isa duukaa bu’an. Isaan kutaalee biyyaa biroo irraa fi, Yerusaalem magaala gudditti biyya Isiraa’el irraas in dhufan.








Waanuma namoonni akka isiniif godhaniif jaallattan, isinis akkasuma isaaniif godhaa.
Diinota kee jaalladhu, isaaniif kadhadhus.
Wanta gaarii dhoksaatti hojjedhu malee, namootatti of mul'isuuf hin hojjetin.
Namni ija hawwaatiin dubartii ilaale garaa isaatti isheetti ejjeera.
Iji ibsaa dhagnaa ti. Iji kee fayyaa guutuu yoo ta'e, dhagni kee hundinuu ifaa in ta'a. Iji kee dhukkubsataa yoo ta'e garuu dhagni kee hundinuu dukkanaa'aa in ta'a.
Eenyu illee gooftolii lamaaf hojjechuu hin danda'u; isinis akkasuma Waaqayyoo fi horiidhaaf hojjechuu hin dandeessan.
Waa'ee boriifis hin yaadda'inaa. Duraan dursitanii yaada keessan mootummaa Waaqayyoo barbaaduutti hidhaa! Kan barbaachisu immoo itti dabalamee isiniif in kennama.
Akka dubbii Kootti yoo jiraattan, nama mana isaa dhagaa irratti ijaarratetti in fakkeeffamtu. Akkasitti hin jiraattan yoo ta'e garuu, nama mana isaa cirracha irratti ijaarratetti in fakkeeffamtu.


Guyyaa tokko Qifirnaahomitti naannoo mana Yesus keessa ture Uummanni baay'inaan guutan....
Ol galchuu hin dandeenyu.
Karaa bantii manaa; afata isaatiin gadi buusuu qofa!
Irra manaatii maaltu ta'aa jira?
Isaan dhiisaa! Firoonni nama kanaa amantii guddaa qabu.
Cubbuun kee hundinuu siif dhiifameera!
Attamitti namichi kun akkas dubbata? Kana dhageesseettaa?
Inni Waaqayyootti ga'isuusaati Isaa ti!
Waaqayyo tokkichatu hidhaa cubbuutti nama hiikuu danda'a!
Kamtu salphaa dha? Namicha dhagni isaa laasha'aa sanaan, 'Cubbuun kee siif dhiifameera jechuu moo yookiis, 'Ol ka'i' jechuu?
Masihichi dhiifamuu cubbuu kennuudhaaf aboo qaba. Garuu Ani ammas sittan hima, ka'iitii siree kee fudhadhuu adeemi!


Amanuun isa nama rakkisa!
Eeyyee! Amma adeemuu nan danda’a!
Inni adeemaa jira!
Garuu nama hundatu hojii Yesuus kanatti gamade miti. Geggeessitoonni amantii Yesuus seera Sanbataa in eegaa fi hin eeguu Isaa caqasaa turan. Isiraa’el keessatti guyyaa kana hojii tokko illee hojjechuun ciminaan dhorkaa dha.
Namni kun harki isaa tokko naaftee ture. Guyyaa kanatti waan gaarii hojjechuun in eyyamamaa?
Harka kee diriirsi!
Ooo! Ani nan fayye!
Nuyi Isa dhabamsiis uu qabna!
Akka Inni biyya kana karaa irraa kaachisaa jiru bulchitoota Yerusaalem keessa jiranitti himamuu qaba!



Yesuus duuka buutota Isaa wajjin bidiruudhan galaana Galiilaa irra adeeme.
Barsiisa! Nu gargaari! Nu'oo dhumuufi!
Maaliif sodaattan? Meerre amantiin keessan?



Cal jedhi!
Gab jedhis!
Bidiruu isaanii qarqara bishaanichaatti hidhan. Garuu tulloota keessa....
Haaaa!





Tulloota sana keessa nama hafuura hamaatiin qabame tokkotu jiraata ture...
Isa! Wayyoo kaa!
Inni dhufuutti jira!
Haa ta'u, haa ta'u Yesuus!
Yaa Yesuus Ilma Waaqayyoo Aabbaa, maal nattii qabda?
Ati hafuura hamaanana isa keessaa ba'i!
Maqaan kee eenyu?
Maqaan koo duula (Legewoon), nuyi baay'ee dha.
Booyyota sanatti akka galluuf itti nu ergi!
Dhaqaa!


?
Ani raawwadheen fayye!
Nu biraa adeemi!
Sii duukaa dhufuu nan danda'aa?
Waawuu, asuma turi. Waan Waaqayyo siif godhes nama hundumatti himi!



Ani isinitti nan hima, Ilmi ofuma Isaatiin homaa gochuu hin danda'u. Inni isa Abbaan Isaa hojjetu ilaalee in hojjeta. Ani fedha Abbaa Kootii malee, yaada ofii Koo raawwachuu hin barbaadu. Kan Ana erge Isa.
Yesuus yeroo baay'ee iddoo qoofnii dhaqee, achitti in kadhata.
Yesuus erga halkan guutuu kadhachaa bulee booda ergamoota warra 12 ni filate. Lama lamaanis isaan ni erge. Hafuurota hamoota akka baasanii fi dhukkubsatootas akka fayyisaniif aboo isaaniif kenne.
Isaanis Phexrosii fi obboleessa isa Indriiyaas....
Yaaqoobii fi obboleessa isa Yohannis....
Filiphosii fi Nataanaa'el....



Toomaasii fi Maatewos (isa duratti mootummaa Roomaa isa biyya isaanii fudhateef qaraxa fuudhaa ture)
Taadewosii fi Yaaqoob isa kaan....
Simoon, isa loltuu garee finciltootaa ture, fi Yihudaa nama biyya Keeriyot.
Dhaqaa. Namni isin simu Ana simuu isaa ti, namni Ana simu Isa Ana erge simuu isaa ti.
Ergamoonni warri 12 gara Yesuusitti deebi’anii, waan hojjetan hundumaa Isatti himan. Ergasii Inni isaan qofaa wajjin gara iddoo qoofnii adeemuu barbaade, garuu namoonni baay’een Isa biraa hafuu didan.
Midhaan sassaabamu baay'ee dha, hojjetoonni sassaaban garuu muraasa. Egaa hojjetoota warra midhaan sassaaban itti haa yaafatuuf, abbaa midhaanichaa kadhadhaa!


Ammas Yesuus in barsiisa, in fayyisas ture. Yeroon galgalaa'aa adeeme...
Filiphos, buddeena namoonni kun hundumtuu nyaatan eessaa binna? Maaliif wanta isaan nyaatan hin kennitaniif?
Buddeenni miindaa ji'a saddetiin utuu bitamee iyyuu tokkoon tokkoon isaanii xinnoo xinnoo illee wal hin ga'u!
Gurbaan buddeena shanii fi qurxummii xixiqqoo lama qabu tokko as jira. As kan jiru kanuma qofa.
Namoota tuuta shantama shantamaan teessisaa.
Yesuus Waaqayyoon galateeffate....
Buddeenaa fi qurxummii sana in caccabse.


Yesuus nyaaticha baay'isee, namoonni kumaatamni in nyaatan.
Mootii Isa taasifachuutu nuuf ta'a!
Inni Masihicha Isa gara biyya lafaa dhufuuf jiru ta'uu qaba.
Mee ilaalaa! Gundoo 12 guutuutu irraa hafe.
Amma yeroo itti namoonni gara mana isaaniitti adeemuun irra jiruu dha. Isin bidiruu yaabbadhaa gamatti ce'aa. Ani gaara kana irra tureen kadhadha.


Booda....
Hin sodaatinaa. Innoo Ana!
Uuuuu! Kun ekeraa dha!
Gooftaa erga Si'i ta'ee, akka ani bishaan irra adeemee gara Kee dhufuuf ana abboomi.
Phexros, kottu.
Gooftaa na oolchi!
Phexros, maaliif mamte?



Namoonni akka Yesuus Mootii ta’etti labsuu fedhan jiru. Geggeessaa Isaatiin bittaan warra Roomaa akka isaan irraa ka’u abdatu. Warri Yesuusiin mormanis baay’achaa adeeman. Isaan ittuma fufanii Yesuusiin in hammeessan. Namoota irratti kakaasanii Isa balleessuu in barbaadu turan.
Yaa Barsiisa! Yoom as geesse?
Buddeena Ani isiniif kenne nyaattanii waan quuftaniif na barbaadduu?
Nyaata baduuf hin dhama'inaa! Nyaata isa jiraatuu fi jireenya bara baraa kennuuf dhama'aa malee!
Ani buddeena isa jireenya bara baraa kennuu dha. Biyya lafaaf jireenya akka ta’uuf kan kenname foon Koo ti.
Namichi kun attamitti foon Isaa akka nyaannuuf nuuf kennuu danda'a?
Kun waan jibbisiisaa dha!
Kottaa in adeemnaa!
Inni namoota hundumaa karaa irraa kaachisaa jira.
Isinis akasuma adeemuu in barbaadduu mitii ree?
Si dhiifnee eenyu bira dhaqna ree? Gooftaa, dubbii waa'ee jireenya bara baraa nama barsiisu situ qaba'o.



Mormiin Yesuus irratti ka'e guddachaa adeeme. Kanaaf Inni Galiilaa dhiisee adeemee, Isiraa'el keessa naannoo biraatti warra Isa duukaa bu'an dhiirotaa fi dubaartootaa wajjin tajaajila Isaa itti fufe.
GALIILAA
YERUSAALEM
ISIRAA'EL
Booda immoo gara Yerusaalem adeeme.
Namoonni eenyu Anaan jedhu?
Isaan raajiidha Siin jedhu.
Utuu adeemaa jiranii....
Isinhoo?
Isin eenyu Anaan jettu?
Ati Fayyisaadha, Ilma Waaqayyo Jiraataa ti.
Kana nama tokkotti illee hin himinaa. Masihichi gara Yesusaalem dhaquun, achittis dhiphachuu fi du'uun Isa irra jira. Garuu guyyaa sadaffaatti awwaala keessaa in ka'a.


Dallaa Yerusaalem duubatti yeroo baay'ee namoonni in ajjefamu. Adaba du'aa isa warri Roomaa gara-jabeenyaan kennaniin rarraafamanii ajjefamu.
Eenyu illee Ana duukaa bu'uu yoo barbaade waa'ee ofii isaa dhiisee, fannoo isaa of irraa kaa'atee Ana duukaa haa bu'u.
Namni lubbuu isaa oolfachuu barbaadu isa in dhaba. Garuu namni Anaaf jedhee lubbuu isaa kennu isa in argata.
Kana beekuu qabdu, Waaqayyo tokkicha.
Inni hundumaa irra caalu jireenya kee guutuudhaan Waaqayyoon jaallachuudha; inni biraan immoo akka ofii kee jaallattutti nama jaallachuutu sif ta'a.



Yeroo sana biyya Isiraa’el keessa gandoota warri dhukkuba lamxii qaban keessa jiraatantu turan. Dhukkubni lamxii dhukkuba gogaa qaamaa kan baay’ee nama dhiphisuu dha. Kanneen dhukkuba kanaan qabaman namoota fayyaatti makamanii jiraachuun hin eyyamamuuf.
Warri dhukkuba lamxii qaban yommuu karaa irra adeeman sagalee guddaadhaan dubbatanii akka namoonni itti hin dhihaanneef akeekkachiisuu.
Nuyi lamxaa’oo dha! Nuyi lamxaa’oo dha!
Yaa Yesuus! Yaa Barsiisa! Nuuf oo’i.


Dhaqaa, luba of argisiisaa!
Gara lubaa dhaqaa? Of qorachiisufi?
Kun yeroo fayyinuu dhaa?
?
!
Ana ilaalaa! Ani nan fayye!
Nuyi fayyineerra!
Eeyyee!
Haalleeluyyaa! Waaqayyo gaarii dha! Galanni Siif haa ta'u!
Kan fayyitan namoota 10 mitii isin? Meerre warri kaan? Waaqayyoon galateeffachuu hin dhufnee?
Ol ka'i! Amantiin kee qaama kee fayyisuu qofa utuu hin ta'in, lubbuu kee iyyuu fureera.



Geggeessitoonni Yihudootaa Yerusaalem keessa jiraatan utuu Inni karaa irra adeemuu Yesuusin qabsiisuudhaaf tajaajiltoota isaanii aka Isa basaasanif Isatti ergan. Isaan guutummaan guutuutti gocha Isaatiin in morman.
Inni namoota akka seeraatti hin jiraanne, kan akka ejitootaa, kanneen warra Roomaatiif qaraxa fuudhan... itti dhihaata.
Masihichi warra badan barbaaduudhaaf fayyisuudhaafis dhufeera.
Sababa Yesuus guyyaa Sanbataatti fayyisuuf....
Fayyi!
Ijoolleenis Isa biratti ilaalcha addaa qabu....
Mucooliin gara koo haa dhufan. Mootummaan Waaqayyoo warra akkasiitiif ta'a.


Yesus gara Bitaaniyaa, ganda Yerusaalemitti dhihoo ta’eetti waamame. Alaazaar dhukubsataadha. Alaazaar fi obboleettonni isaa lamaan Maariyaamii fi Maartaan michuu gaarii Yesus turan. Yommuu Yesuus Bitaaniyaa ga'e, Alaazaar du'ee erga awwaalamee guyyaa afur ta'uu isaa dhaga’e.
Yaa Gooftaa!
Yaa Gooftaa, utuu ati as jiraattee, obboleessi koo hin du'u ture.
Maartaa, obboleessi kee in ka'a.
Eeyyee, Guyyaa isa dhumaatti, yeroo warri du'an du'aa ka'anitti, akka inni ka'ee deebi’ee jiratu ani beeka.
Du'aa ka'uun, jireenyis Ana. Namni anatti amanu yoo du'e iyyuu in jiraata. Kana amantaa ree Maartaa?
Eeyyee Gooftaa! Ati Kristoos, isa gara biyya lafaa dhufuuf abdachiifame, Ilma Waaqayyoo akka taate amaneera.
Eessatti isa awwaaltan?
Kottuutii ilaali, Gooftaa!




Ilaa; Inni dhuguma isa jaallata ture!
Garuu Alaazaar akka hin duune gochuu hin danda'u turee?
Biyya sanatti reeffi huccuudhaan maramee (kafanamee), awwaala holqa dhagaa keessatti tolfame keessa kaa'ama.
Dhagicha irraa kaasaa!
Gooftaa, yoona foolii godhateera, erga awwaalamee har'a guyyaa afuraffaa isaa ti.
Ulfina Waaqayyoo in argita.
Yaa Abbaa! Namoonni as dhaabatan kun, akka Ati ana ergite haa amananiifan kana dubbadhe.
Alaazaar, as ba'i!
Huchuu inni ittiin awwaalame kana irraa hiikaatii gad dhiisaa! Haa deemuu!


Geggeessitoonni Yerusaalem keessa jiran waa’ee Yesusii fi duuka buutota Isaa baay'ee yaadda'utti kaa'an.
Namichi kun dinqiiwwan baay'ee hojjeta.
Akkasumatti akka itti fufuuf yoo Isa dhiifne, warri Roomaa tarkaanfii fudhatu.
Isaan mana qulqullummaa keenya, saba/biyya keenyas nu duraa barbadeessu.
Mee itti yaadaa! Sabni guutummaatti dhumuu mannaa, namni tokko sabaaf du'uun in wayya.
Sababni Yesuus ajjeefamun irra jiruf isuma kana!
Yeroo sanaa jalqabanii, geggeessitoonni Yihudootaa Yesusiin qabanii warra Roomaatti dabarsanii kennuudhaaf fucha eeggachaa turan. Aboo adaba du’aa kennuu kan qabu isaan qofa ture.


Utuu Yesuus Bitaaniyaa keessa jiruu....
Maariyaam!
Urgooftuun sun! Gatiin isaa gudda dha!
Qarshii isaa warra hiyyeeyyiidhaaf kennuun nuuf wayya ture!
Yihudaa, ishee dhiisi. Isheen awwaalchaaf qaama Koo qopheessaa jirti.



Ayyaanni Faasikaa dhihaatee ture. Namoonni baay'een gara Yerusaalemtti adeemu.


Geggeessitoonni Yerusaalem keessa jiran Yesuusiin qabuudhaaf karoora baasaa jiru. Utuma ta'uu iyyuu Yesus gara magaalichaatti adeemaa jira.


Namoonni sagalee guddaadhaan ililchanii Isa simatu.
Ishoo!
Ishoo!
Mootii Isiraa'el!
Inni maqaa Waaqayyootiin dhufu bara barabaraan haa jiraatu!
Yaa Yerusaalem, har'uma illee, ati nagaadhaaf kan siif ta'u utuu beektee, attam gaarii ture. Ati garuu isa kanaaf fedha hin qbdu.
Nuyi eessatti iyyuu kan akkasii argachuu hin dandeenyu.
Biyyi lafaa hundi Isa duukaa bu'eera.



Manni qulqullummaa inni magaalaa guddittii keessa jiru giddu-gala waaqeffannaa ti.
Yeroo ayyaana Faasikaa hoolonni in qalamu.
Namoota Waaqayyotti araarsuuf mana qulqullummaa keessatti hoolonni arsaaf in dhiheeffamu.
Garuu hoolaa aarsaa isa kamtu dhugumaan namoota cubbuu isaaniittii qulqulleessuu danda'a?
Mana qulqullummaa keessatti namoonni daldalaa fi qarshiis jijijjiiraatti dhimmanii turan.
Yesuusis achi jira.


Manni Waaqayyoo mana kadhataa ti, garuu isin holqa hattuu isa godhattan!
Inni balaafamaadha, namoonni hundinuu immoo yaada guutuudhaan dubbii Isaa dhaggeeffachuutti qabamanii jiru.
Dafnee Isa dhabamsiisuu qabna!



Yoo Isa dogoggorsine karaa ittiin Isa qabannu in arganna ta'a. Kananis Isa ajjeesuu in dandeenya.
Garuu yeroo ayyaanichaatti hin ta'u. Yeroo ayyaana Faasikaatti rakkoo tokko illee hin barbaannu.
Yoo ani Isa dabarsee isinitti kenne qarshii meeqa anaaf kennitu?
Inni Yihudaa isa duuka buutota Yesuus keessaa tokko turee dha!
Ani Yesuusiin dabarsee isinitti nan kenna!
Yoo ati Yesuusiin dabarsitee nutti kennite, nuyi qarshii 30; gatii ittiin garbichi tokko bitamu siif in kennina.

Utuma warri geggeessitootaa akka Inni sabatti hin dubbannef yaalaii gochaa jiranii, Yesus guyyoota ayyaana Faasikaa dura turan sana mana qulqullummaa keessatti saba barsiisaa ture.















Dhiphachuu Koo fuul dura irbaata Faasiikaa miilanaa isinii wajjin nyaachuudhaaf garaa Koo guutuu hawweera.
Namonnii aangoo irra jiraan, warra isaniin gadii akka isaan tajaajilan barbaaduu. Isin gidduutti garuu faallaa kanaa ta’uu qaba.
Inni nama hundumaa tajaajilu geggeessaa keessan ta’uuf jira.
Ani isin gidduutti akka isa isiniif ergamuu ti.



Gooftaa, Situ akka hojjetaatti miilla koo dhiqaa? Lakkii! Kun hin ta'u!
Phexros, Ani yoon si dhiquudhaa baadhe, na biraa qooda hin qabdu.
Gooftaa, yoos immoo miilla koo qofa utuu hin ta'in, mataa fi harka koos na dhiqi!
Kanaan dura kan dhiqate miilla isaa qofa dhiqachuu malee, lammaffaa isaaf hin barbaachisu.
'Barsiisaa, Gooftaas' jettanii Na waamtu, isin akkuma jettan iyyuu sirrii dha. Akkuma anni miilla isiniif dhiqee, isinis akkuma kana walii keessan tajaajilluu qabdu.
Isin keessaa tokko dabarsee Ana kennuuf jedha.
Gonkumaa!
Ana mitii, anaa ree?
Yihudaa, wanta gochuun sirra jiru, dafii raawwadhu!


Kana yeroo hundumaa seenaa Kootiif godhadhaa...
Buddeena kana fudhadhaa nyaadhaa, kun Foon Koo ti.
Hundumti keessan Xoofoo kanattii dhugaa. Kun dhiiga Koo ti, isiniif kan dhangala’u. Dhiigni kun kan Waaqayyo ittiin isinii wajjin kakuu haaraa dhaabuu dha.
Akka isin wal jaallattaniif abboommii haaraa isiniif nan kenna; Ani akkuman isin jaalladhe, isinis immoo akka wal jaallattan isin abboomeera.
Jaalala yoo waliif qabaattan, kanaan namoonni hundinuu akka isin bartoota koo taatan in beeku.
Gooftaa, bakka kamitti iyyuu ani Si duukaan bu'a. Anoo Siif jedhee lubbuu koo nan Kenna.
Phexros, indaanqoon utuu hin iyyin si'a sadii Na ganta.



Galgala gaafasii, Yesuusii fi duuka buutonni Isaa magaalaa keessaa ba’anii adeeman. Yihudaan isaanii wajjin hin turre....
Ani isin biraa nan adeema, garuu Abbaan Hafuura Qulqulluu isiniif in erga. Inni isin in gargaara, yeroo hundumaas isinii wajjin jiraata.
Lafa Ani dhaqu, karicha achi geessus in beektu.
Karichi, dhugaan, jireenyis, Ana; Anaan yoo ta'e malee, eenyu iyyuu gara Abbaa dhufuu hin danda’u.
Hamma Ani xiqqoo achi siqee kadhadhutti isin as turaa.
Yaa Abbaa Ko! In danda'ama yoo ta'e dhiphinna kana Ana irra dabarsi.
Garuu, jaalala Koo utuu hin ta’in, jaalalli Kee haa ta’u!




Isin attamitti yeroo akkasiitti rafuu dandeessu? Ka'aa! Inni dabarsee Ana kennu dhihaateera!
Isa ani dhungadhu qabaa.
Attam Barsiisaa ko!
Yihudaa, dhungachuudhaan Masihicha dabarsitee kennitaa?
Yaa Gooftaa, isaan lolluu?
Lakkisaa!
Yesuus akka Isa qabaniif of kenne. Duuka buutonni Isaa kallattii adda addaa irra baqatan.


Yesuusiin gara mana Angafa Lubootaa, isa oogganaa geggeessitootaa Yihudoota hundumaa ta’eetti geessan. Phexrosii fi Yohannis fagootti Isa duukaa bu’an.
Phexros gara oobdii mana angafa lubootaatti ol seene.
Ati Isaa wajjin hin turree?
Lakkii! Ani namicha kana iyyuu hin beeku.
Ati isaan keessaa tokko; mitii?
Dhuguma miti!
Ati dhuguma Isaa wajjin turte. Ati nama Galiilaa ti!
Waa’ee waan ati jettu kanaa ani hin beeku.


Achumaanis indaanqoon in iyyite.
Itti fufees....
Mee raajii nutti himi! Eenyutu Si rukute?
Ganama Yesuusiin gara yaa'ii geggeessitoota Yihudootaatti geessan.
Ati Ilma Waaqayyoo tii?
Akkuma isin jettanii dha.
Inni Waaqayyoon arrabsa! Du'uutu Isaaf ta'a. Mee warri Roomaa Isa haa qoratan!


Yesuus gara Philaxos, bulchaa warra Roomaatti geeffame. Geggeessitoonni Yihudootaa namoota daawwachaa turan Isa irratti kakaasan. Isaan itti wacanii wantoota adda addaatiin Isa himatan.
Wantoota isaan ittiin SI himatan kana hundumaaf maal jetta? Waan deebiftu homma hin qabduu?
Ati maal goote?
Ani dhugaadhaaf dhugaa ba'uu dhufe.
Dhugaan maali?
Ani dabaa tokko illee Isa irratti hin argine. Amma ayyaana Faasiikaa ti. Eenyuun gadi isiniif dhiisu? Barabaa moo Mooticha Yihudootaa?



Barabbaa!
Barabbaa!
Garuu Yesuusiin kana immoo maal akkan godhu barbaaddu?
Isa fannisi!
Inni Ani mootiidha ofiin jedha!
Yoo Isa gad dhiifte ati michuu Qeesaar miti.
Bakka Isaa ati birmadummaan adeemuu in dandeessa.
Barabbaan gad dhiifame. Inni fincilaa siyaasaa biyyaa keessatti nama gumaa ta'uun isaa bira ga'amee, yakki itti murtaa'ee ture.
...37, 38, 39!
Ani dhiiga nama kanaa irratti yakka hin qabu.
Attam ree, yaa mootii Yihudootaa!


Ilaa namticha!
Isa fannisi!
Isa fannisi!
Isa fannisi!
Philaaxos muritchatti mallatteesse. Nama fannisuun murtii du’aa isa guddaa hamaa dha. Yesuus muka isa itti fannifamu baatee daandii Yerusaalem irra adeeme.
Bakki murtichi itti raawwatamuu magaalaa duuba ture. Iddoon sun Golgootaa jedhama. “Golgootaa” jechuun “Iddoo lafee mataa” jechuu dha.
Loltoonni asitti Yesuusiin fannootti mismaaraan waqaran.


Yeroodhuma sana Yihudaan waan godhetti in gaabbe.
Ani dogoggoran hojjedhe.
Ani dhiiga nama yakka hin qabnee dhangala'uutti dabarsee kenneera.
Nuun maaltu dhibe ree? Kun rakkina kee ti!
Yesuus namoota yakka hojetan lama gidduutti fannifame.
Yaa abbaa, waan gochaa jiran hin beekaniiti isaaniif dhiisi!





Caaffanni yakka Inni ittiin himatame mul'isus, “Yesuus mootii Yihudootaa” kan jedhu, afaan sadiin kan barreeffame mataa isaa irraan kaa'amee ture.
IESVS NAZARENVS REX IVDAEORVM
Yesus daadhii dhangaggaa'aa dhuguu in dide.
Loltoonni uffata Isaa buufata mukaatiin hirmaatan.
Eeyyee! Inni namoota biraa hin oolchinee?
Ilma Waaqayyoo yoo taate mee fannoo irraa gad bu'i!
Of oolchi, nuunis oolchi!
Waaqayyoon illee hin sodaattu moo? Nuyi qajeeltootti nutti murteeffamee hojii keenya nyaanne; inni kun garuu homaa hin yakkine!
Mootummaa keetiin yommuu dhuftu na yaadadhu!
Dhuguman sitti hima, har'a Anaa wajjin jannata keessatti in argamta.



Guyyicha keessaa sa'aatii ja'affaatti, biiftuun ifa ishee dhabde. Dukkanni lafa hundumaa irra ture.
Maariyaam haati Yesuus fi bartuun Isaa, Yohannis, fannoo sanatti dhihaatanii in dhaababatu turan.
Ammaa isin haadhaa fi ilma.
Waaqayyoo Ko, Waaqayyoo Ko maaliif Na dhiifte?
Nan dheebodhe!
Yaa Abbaa Ko, Ani hafuura Koo harka Keettan kennadha.
Fiixaan ba'eera.



Yesuus waaree booda sa'aatii sagalitti du’e. Loltoota keessaa inni tokko eeboodhaan cinaacha Isaa waraannaan, dhiignii fi bishaan keessaa lola’e.
“Inni akka hoolaa gara gorra’amuutti oofame” jedhamee Macaafa keessatti barreeffamee jira.
“Inni sababii yakka keenyaaf waraaname in caccabsame.” Garuu amma Inni in du’e.
Inni Kristosicha Isa dhufuuf ture sana moo miti?
Mee kottaa, Isa awwaaluu in dandeenya yoo ta’e dhaqnee eyyama gaafannaa.
Yoseef kan jedhamu namni Armaatiyaa fi Niqoodemos reeffa Yesus fannoo irraa gadi buusan. Isaan urgooftuu dibanii wayyaa quncee talbaa irraa hojjetameen Isa kafanan. Yesusiin awwaala keessa kaa'anii, balbala awwaalichaatti immoo dhagaa gangalchan.


Dubartoonni waa’ee Isaatiif gaddaa turan baay’een guyyaa Sanbataatti akka seerri ajajutti erga boqotanii booda, gara awwaalichaatti adeeman.
Dhagichi awwaalicha ittiin cufanii turanis, ittii garagalfameera.
Isa jiraataa maaliif warra du'an keessa barbaaddu? Innoo ka'eera. Dhaqaa duuka buutota Isaatti himaa!
Yommuu kana dhaga’an Phexrosii fi Yohannis ba'anii, gara awwaalichaatti fiigan.
Maaltu ta’ee?
Awwaalichi raawwatee duwwaa dha!


Boroo sana keessa, naannoo awwaalichaa....
Dubartii nana, maaliif boossa? Eenyuun barbaadda?
Gooftaa ko, ati asii Isa fuuteettaa?
Maariyaam!
Barsiisa!
Ana hin qabin! Gara obboloota Koo dhaqii, 'Ani gara abbaa Kootii fi abbaa keessaniitti, gara Waaqayyo kootii fi Waaqayyo keessaniitti ol nan ba'a' jedhii isaanitti himi!



Guyyaadhuma sana duuka buutota Yesus keessaa namoonni lama garaan isaanii kan gadde, waa'ee du'uu Yesus haasa'aa utuu adeemanii, namni karaa adeemu tokko waa'ee isaa isaanii wajjin dubbachaa ture....
Isin waan raajonni dubbatan hin amantanii? Masihiin kun ulfina isaatti galuudhaaf dhiphachuun Isa irra hin turre moo ree? Innis Macaafa Musee fi Macaafota raajotaa hundumaa keessatti barreeffamee jira!
Nyaatatti yommuu dhi'aatanis, keessummichi isaan biraa dhabame.
Garuu inni Yesus ofii Isaa ti!
Yeroodhuma sanattis ka'anii duuka buutota Yesus kan biroo barbaacha adeeman.
Nuyi Goofticha argineerra!
Maariyaamii fi Phexrosis arganiiru!
Akkuma tasaa....
Nagaan isiniif haa ta'u!
Akka Ana ta'e isin hin amantanii? Mee harkaa fi miilla Koo ilaalaa!
Gooftaa koo, Waaqayyoo koo!


Itti fufees Yesuus guyyoota 40f duuka buutota Isaatti of mul'ise. Al tokkotti namoota 500 tti iyyuu of mul'iseera. Gaaf tokko ergamoota Isaa keessaa isaan kaan bishaan laga/haroo Galiilaa keessaa qurxummii qabaa turan....
Waan nyaatamu qabduu?
Lakkii, nuyi homaa iyyuu hin qabanne!
Bidiricha irraa gara mirgaatiin kiyyoo keessan darbadhaa!
Kun ajaa'iba, qurxummii hammam baay'atu qabanne!
Innoo gooftaa dha!
Barsiisa!
Ana waliin nyaachuudhaaf gara Koo dhufuutti jirtaa?


Phexros, dhuguma Ana in jaallattaa?
Yesuus gaaffii kana si'a sadii Phexrosiin gaafate....
Eeyyee Gooftaa, akka ani Si jaalladhu Atuu in beekta.
Hoolota Koo eegi!
Ana duukaa bu'i!
Gooftummaan hundinuu waaqa irratti lafa irrattis anaaf kennameera. Egaa dhaqaa, maqaa abbaatii fi ilmaatti, kan hafuura qulqulluuttis isaan cuuphuudhaan, saba hundumaa bartoota koo godhaa! Waantan isin abboome hundumaa eeguu isaan barsiisaa!
Kanas yaadadha; Ani hamma dhuma baraatti guyyaa hundumaa isinii wajjinan jira.
Erga kana isaanitti dubbatee, Yesuus lafa irraa ol ka'ee gara waaqa keessaatti ol fudhatame. Garuu namoota hundumaatti murtii kennuuf deebi'ee akka dhufus dubbateera....

Duuka buutonni Isaa Yerusaalem keessatti kadhachaa, eegaas turan. Hafuura Qulqulluu, Hafuura Waaqayyootiin guutaman. Hafuuruma Isa Yesuus keessa jirutu amma isaan keessas jira. Inni namoota haaraa warra humnaa fi ija jabinaan waa'ee Yesuus dhugaa ba'uu danda'an isaan taasise.









Amma egaa addunyaa Kana irra kan jiraatan duukabuutonni Yesuus hundinuu waliin kadhachuuf, Macaafa Qulqulluu dubbifachuufis walitti in qabamu. Isaan waa'ee du'a Yesus yaadachuudhaaf waliin buddeena in cabsatu, xoofo dhugamus waliin in hirmaatu. Jaalala isaa, isa garaa isaanii keessa bule sana, warra naannoo isaani jiran waliin akka hirmaatan fedha Waaqayyoo ti.


Yesus karoorri Waaqayyoo akka namaaf raawwatamu taasise.
Yesuus nu jaallata! Galata Isaaf dhiheessaa, Isa waaqessaas!
Waaqayyo, akkasitti tokkicha Ilma Isaa hamma kennuufitti biyya lafaa jaallate; kun immoo isatti kan amanu hundinuu jireenya bara baraa haa qabaatuuf malee, haa baduuf miti!
WILLEM DE VINK

## Macaafa Qulqulluu

Seenaan Yesuus Macaafa Qulqulluu keessatti barreeffamee jira. Macaafa Qulqulluu caalaa macaafni dubbifamu hin ture, ammas hin jiru. Inni Macaafa macaafota hedduu of keessaa qabuu dha. Macaafonni kun hundi caafamanii xumuramuuf waggoota 1500 fudhate. Macaafni Qulqulluun waggoota 1900 dura barreeffamuun isaa xumurame. Waa'ee akkaataa itti Waaqayyo jireenya namaa keessatti hojjetuu seenaawwan mara of keessaa qaba. Seenaan Yesuus eenyummaa Waaqayyoo sirriitti ibsee argisiisa.

## Seenaa Yesuus



Macaafni Qulqulluun macaafota 4 kanneen waa'ee Yesuus ibsan of keessaa qaba. Macaafonni kun maqaa barreessitoota isaaniitti moggaafaman. Barreessitoonni isaanii hundi bara Yesuus biyya lafaa irra jiraate keessa jiraatan.

**Maatewos** – bartuu Yesuus ture. Duraan qaraxa fuudha ture. Inni addumaan akka itti Yesuus namoota Isiraa'el (Yihudoota) gidduutti hojjete barreesse.

**Maarqos** – Yommuu Yesuus hojjechaa ture inni saafela ture. Inni waa'ee dinqiiwwan Yesuus hojjetee yertuu isaa barreesse.

**Luqaas** – Inni doktoorii fayyaa ture. Inni ofii isaatii Yesuusiin hin argine. Luqaas akka itti Yesuus namoota tajaajilaa ture barreesse.

**Yohannis** – Innis duuka buutuu Yesuus ture. Inni caalmaatti eenyummaa Yesuus argisiisa. Yesuus Waaqayyoo dha. Inni namoota cubbuu isaaniitti furuuf nama ta'e.


## Dhalachuu Yesuus

Yommuu Yesuus dhalate, haati Isaa, Maariyaam hin heerumne. Isheen durba turte. Akka Yesuus dhalatuuf Waaqayyotu haala mijeesse. Hojiin dinqiin kun akka ta'u dhalachuu Yesuus waggoota baay'ee dura Caafata Qulqullaa'oo keessatti beeksifamee jira. Yesuus kan Inni dhalate akka nama beekamaatti yookiis nama addaa tokkotti miti. manni jireenyaa achi waan hin turreef dallaa horii keessatti dhalate.


## Dinqiiwwan Yesuus Hojjete

Yesuus dinqiiwwan baay'ee hojjete. Macaafni Qulqulluun namoota Inni fayyise 40 ol caqasee jira. Hojii dinqii kanaan Yesuus humnaa fi jaalala Waaqayyoo argisiise; namoota gargaaruu fi isaan gammachiisuus barbaade.





## Du’uu fi Du’aa
## Ka’uu Yesuus



***Yesuus maaliif du’e? Ibsi isaa Macaafa Qulqulluu keessatti kennameera.***

Namoonnii hundinuu yeroo tokko tokko dogoggora in hojjetu. Waantootni kun kanneen Waaqayyo hin jaallanee fi kan Isa aarsan yookiis gaddisiisanii dha. Isaan kun cubbuu jedhamanii waamamu. Cubbuuwwan kun michuu Waaqayyoo ta’uu irraa namoota ittisu.
Yesuus sababa kanaaf gara biyya lafaa dhufe. Yesuus fedha ofii Isaatiin adaba cubbuuwwan keenyaa of irratti fudhate. Adabichis du’a. Sababa Yesuus bakka keenya du’eef, nuyi deebinee michuu Waaqayyoo ta’uu in dandeenya. Garuu dogoggora hojjenneef gaabbinee yaada garaa keenyaa jijjiirrachuu qabna.
Yesuus du’aa ka’eera. Waaqayyo akka Inni deebi’ee jiraataa ta’u taasise. Kanaanis Waaqayyo du’a caalaa humna qabeessa ta’uu Isaa argisiise.
Yesuus amma Waaqayyo bira jira. Inni jiraataa waan ta’eefis, yeroo hundumaa michuu nuuf ta’uu in danda’a. Karaa Waaqayyoon gammachiisu irra akka jiraannuuf Inni nu gargaaruu barbaada.

### Kadhannaa

*Dogoggora hojjetteef yoo gaabbitee fi fira Waaqayyoo ta’uu yoo barbaadde, akka kanatti kadhachuu ni dandeessa:*
*“Jaallatamaa Waaqayyo, Ati ana jaallatta.*
*Ati Ilma Kee tokkicha, Yesuusiin anaaf kenniteetta.*
*Cubbuu ani hojjedhe hundumaaf Inni fannoo irratti du’e.*
*Dogoggora ani hojjedhe hundumaaf maaloo araara anaaf godhi. Ani waa’ee isaaf gaabbeera.*
*Yesuus gara koo waan ta’eef sin galateeffadha*
*Ani yeroo hundumaa kan Kee ta’uu nan barbaada.*
*Maaloo karaa Ati akka ani irra jiraachuu koo barbaaddu irraa akka ani jiraadhuuf na gargaari.*
*Yeroo hundumaa anatti dhihaadhu.*
*Kadhata koof deebii waan anaaf kennituuf si haa galatu.*
*Ati waan abdachiiste in raawwatta.”*

## Yesusii fi si’i

Oduun waa’ee Yesuus ifaa dha. Yesuus michuu namoota baay’ee ture, ammas akkasuma. Biyyi lafaa ni jijjiirame. Namoonni baay’een harreedhaan yookiis fardaan hin adeeman konkolaataa fi xiyyaaraan adeemu malee. Garuu kun Yesuusiif adda addummaa hin qabu. Akkuma isa yeroo biyya Isiraa’el keessa adeemaa ture sanaa, nutti dhihoo jiraachuu ni danda’a.
Inni ijaan hin argamu yoo ta’e iyyuu, nuu wajjin jiraachuun Isaa dhugaa dha. Har’a iyyuu fira siif ta’uu barbaada. Isa dhaggeeffachuu fi Isa jaallachuutu siif ta’a.

Waa’ee Yesuusii fi jireenya Isaa wajjinii caalchistee beekuu barbaaddaa? Egaa waan kanatti fufee jiru raawwachuutu siif ta’a:
1. **Macaafa Qulqulluu dubbifachuu eegali.**
(fakkeenyaaf Wangeela Luqaas barreesse dubbisuu eegali).

2. **Kadhachuu jalqabii**
(Waaqayyoo wajjin dubbadhu, Isa dhaggeeffadhus – jechoota adda ta’e fayyadamuu si hin barbaachisu).

3. **Waa’ee Yesusii fi waa’ee Macaafa Qulqulluu namoota birootti himi**. Yesuus akka duuka buutonni Isaa walitti qabamanii fi wal jajjabeessan, waa’ee Isaas caalchisanii akka baratan barbaada.



*Barumsaa fi fakkeenyota kan barreesse: Willem de Vinki.*
*Mirgi Barreessaa kan 1993 Stichting Wereldtaal, Houten, kan Nezerlandi.*
*Afaan Jarmaniitti moggaasa “Jezus Messias” jedhuun maxxansame. Afaan Orommo 2018, 2014 gulaalame*
*ISBN:978-90-73150-63-8 Kophii Dijitaalaa jechoota “Creative commons” jedhuun eyyama BY-SA tii.*
*Mirgi hiikuu, baay’isuu fi itti dabaluu hundumtuu biyyoota hundamaattif dhorkamaa dha.*
*email: jmpbk.app@gmail.com*
*https://jesusmessiahcomicmedia.com/ethiopia*

***YESUUS MASIHICHA**: Kun oduu dhugaa kan Yesuus Masihicha ti. Inni naannoo waggoota 2000 dura biyya Isiraa'el keessa jiraate. Namni Isa argu eenyu iyyuu in ajaayibsiifata. Wanta Inni hojjete namni hojjechuu danda'u hin jiru. Wanta Inni dubbate namni dubate hin jiru. Iddoo Yesuus jiru hundumaatti dinqiiwwan ittuma fufanii ta'u turan. Nama dhugaatti Isa dhaggeeffatu hundumaaf gammachuu fi boqonnaa kennaaf. Akka tasaatti gara xumuraatti dhufe. Diinonni Isaa Isa fannisan. Garuu kun xumura seenaa Isaa miti. Kun attamitti akka ta'e ofii keetii dubbisi; akka itti seenaan Yesuus Masihichaa itti fufee jirus ilaali.*



*language: Oromo (Ethiopia)*
*ISBN: 978-90-73150-63-8*